Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 2 No. 2 June 2019
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromoo Studies
(IOS) Jimma University

---

*Full Length Research Paper*

***Sababoota Afaan Oromoo Dubbachuu Dadhabuu Daa'imman Oromoo Magaalaatti Dhalatanii: Magaalaa Adaamaa akka Fakkeenyatti Fudhachuun***

**Iftiyoom Waaqgaarii Nagarraas (MA)**
**Yuunivarsiitii Dambii Doolloo**
**Email:** ***abdiiboonsii@gmail.com***

**Alamuu Disaasaa Mul'ataa (PhD)***
**Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa,**
***alemu.disasa@astu.edu.et***

Submission Date: 28/05/2019
Acceptance Date: 21/09/2019

## Axareeraa

*Qorannoon kun, sababoota Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo magaalaatti dhalatanii addaa baasuu irratti kan kaayyeffatedha. Kaayyoo kana fiixa baasuuf, qorannoo kana keessatti malaqorannoo akkamtaatti dhimma bahuun hojjatame. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan odeefkennitoota 28 waajjiraalee mootummaa Magaalaa Adaamaa keessa jiran afur, akkasumas maatii Oromootaa daa'imman isaanii Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye irraa mala afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoon walitti qabaman. Ragaaleenkunis, mala qaaccessa akkamtaa fayyadamuun, yaad-rimee garaagaraa jalatti qooduun tooftaa addeessuun qaacceffame. Argannoowwan qorannichaa akka muldhisanitti, ilaalcha gad'aanaa maatiin daa'imman Oromootaafi saboonni biroo magaalicha keessa jiraatan afaanichaaf qaban, tajaajila xiqqaa Afaan Oromoo sochii diinagdee magaalichaa keessatti qabuufirakkoo guddistoota da'immaniifi oolmaa daa'immaniin walqabatu sababoota gurguddoo Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessaa akka ta'an adda ba'eera. Manneen barumsaa dhuunfaafi manneen amantaa magaalicha keessa jiran hedduun Afaan Oromoo fayyadamuu dhabuu, akkasumas tajaajilli Afaan Oromoo kennu Naannoo Oromiyaa qofa keessatti daanga'uun sababoota dabalataa rakkoo kanaa ta'uun isaanii hubatameera. Rakkoolee kanneen furuuf, imaammanniifi labsiileen itti fayyadama afaanii jiran seeraan hojiirra akka oolan gochuu, Afaan Oromoo manneen barnootaafi manneen amantaa keessatti akka tajaajilu gochuu, ummata Oromoo diinagdee magaalaa keessatti baldhinaan hirmaachisuun, akkasumas, Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Federaalaa akka ta'u cichanii hojjechuun akka yabootti kaa'amanii jiru.*

***Jechoota Ijoo:*** *Afaan Oromoo, Adaamaa, Afaan dubbachuu*

---



* Corresponding author.

## Abstract

*This study was aimed at investigating factors that hinder Oromoo children born in urban areas from acquiring Oromoo language. To this end, a qualitative research design has been used. Focus group discussion and key informant interview have been used to collect relevant data from 28 respondents selected from four government offices in Adamacity and Oromoo parents residing in the city and whose children are not able to speak Oromoo language. Results of the thematic analysis of the data reveal that unfavorable attitude of Oromoo parents and other ethnic groupsin the city towards Oromoo language, low utilization of the language in the economic activities of the city, and problems related to baby sitters and day care centers wereamong themajor factors that hinder Oromoo children in Adama city from acquiring Oromoo language. Absence of utilization of Oromoo language in private schools and religious institutions of the city and limiting the utilization of the language to only Oromia region are also among the hindrances. Ensuring proper implementation of the existing language policies and proclamations, encouraging the utilization of Oromoo language in private schools and religious institutions in the city, increasing the involvement Oromoo people in the economic activities of the city, and putting pressure on the government to introduce Oromoo language as working language of the federal government were recommended to alleviate the existing problem.*


**Keywords:** *Oromoo language, Adama, Language Acquisition*

---

## 1. Seen-Duubee Qorannichaa

Afaan tajaajila waliigalteetiinalatti, akka mallattoo eenyummaa saba tokkootti waan tajaajiluuf, dhalli namaa kamiyyuu afaan isaatiif kabaja guddaafi marartee qaba.Yaada kana Addunyaa (2014, f. 1) "…afaan mallattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasa tokko kan ta'e meeshaa walqunnamtiiti…" jechuun ibsa. Hayyoonni biroo, Syaifi Jindal (2007), akkasumasNemeth (2012), sabni tokko akka sabaatti eenyummaa qabaachudhaaf afaan mataa isaa qabaachuun dirqama akka ta'e ibsu. Dabalataan, afaan falaasama saba tokkoo baruufis nigargaara (Ndhlovu, 2008). Akka yaada hayyoota kanneeniitti, afaan aadaa, duudhaa, seenaa, eenyummaa, ilaalchaafi haalajiruufi jireenya hawaasa tokkoo calaqqisiisa.

Afaan tokko guddina siyaas-diinagdee dubbattota isaarratti hundaa'ee guddachuufi qancaruu yookiin baduu akka danda'u hayyoonni nimirkaneessu (Misgaanuu, 2011;Crystal, 2003).Dhimma kana aalchisee, Crystal (2003, ff.7-9) yaada isaa akka itti aanutti kaa'a:

> …There is the closest of links between language dominance and economic, technological, and cultural power …Language exists only in the brains and mouths and ears and hands and eyes of its users. When they succeed, on the international stage, their language succeeds. When they fail, their language fails….

Akka yaada hayyuu kanaatti, ummanni tokko olaantummaa siyaasaa, diinagdee, teknoloojii, humna raayyaa ittisaafi aadaa yoo qabaate, carraa afaan isaa babaldhifachuu ni'argata.Yoo

faallaa kanaa ta'e immoo, afaan sabichaa baduudhaaf saaxilama.Qaamni olaantummaa qabu qaama isa moo'atamerratti aadaafi afaan ofii waan dirqamaan fe'uu danda'uuf, tajaajilli afaan saba moo'atamee sochii siyaas-diinagdee keessatti qabu xiqqaachaa dhufuudhaan dhumarratti baduu danda'a. Yaada kana Bolinger (2003,f.3)," … if a language is not used in any society, it dies out." jechuudhaan mirkaneessa.

Afaan saba tokkoo guddate kan jedhamu dubbattoota hedduu qabaachuun qofa osoo hintaane, yoo afaan barnootaa, afaan hojii mootummaa, afaan miidiyaa, afaan saayinsiifi teknoloojii, akkasumas afaan qorannoofi qo'annoon ittiin adeemsifamu ta'edha. Afaan tajaajiloota kanneeniif ooluu kan danda'u ammoo, yoo dubbattoota hedduu qabaatedha. Kanaafuu, afaan dubbattoota hinqabne afaan du'aa deemu ta'a.Keessumattuu, afaan saba tokkoo yoo dhaloota haaraan baratamee gara labata itti aanuutti dabruubaate, carraan baduu isaa nibaldhata.

Dhalattoonni saba tokkoo sababoota garagaraa irraa kan ka'e afaan ofii dagachuu, yookiin gatuu danda'u. Sababoota kanneen keessaa carraa afaanicha shaakaluu argachuu dhabuu, ilaalcha maatiin daa'immanii afaanichaaf qabu, kabaja afaaniifi aadaan sabichaa siyaas-diinagdee biyyattii keessatti qabu, dhiibbaa aadaafi afaan saba baldhaa irraa dhufu (Rajabi, Behrouz & Touraj, 2017; Guardado, 2002), akkasumas sadarkaa siyaas-diinagdee ummatichaa gadaanaa ta'uun (Orwell,2006) sababoota isaan gurguddoodha. Akka hayyoota kanneenitti, yeroo hedduu daa'immaan afaan maati isaanii gatuuf kan dirqaman, saba isaanii keessaa buqqa'uun biyya ormaa keessa akka godaantuutti saba xiqqaa ta'anii yommuu jiraatanidha.

Gama biyya keenyaatti yoo dhufnu, afaanota hedduu dubbataman keessaa, Afaan Oromoo isa tokkodha. Afaan Oromoo baay'ina dubbattootaatiin akka Afrikaatti, Afaan Arabaafi Afaan Hawusaatti aanee, sadarkaa sadaffaa irratti kan argamu yoo ta'u, akka Itoophiyaatti ammoo, sadarkaa tokkoffaarratti argama (Dirribii, 2012). Akka Feyisa (1996) jedhutti, Afaan Oromoo biyyoota ollaa kanneen akka Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Somaaliyaa keessattis dubbattoota qaba.

Afaan Oromoo kufaatii sirna Dargii booda Oromiyaa keessatti afaan barnootaasadarkaa tokkoffaafi afaan hojii mootummaa ta'uun tajaajilaa jira (Feyisa, 1996). Haatahu malee, ragaan qorannoodhaan mirkanaa'e jiraachuu baatus, yeroo ammaa kana magaalaalee Oromiyaa hedduu keessatti daa'imman Oromoo Afaan ofiidhiisanii afaan ormaan afaan hiikkachaa akka jiran agarsiiftuwwan garagaraa nimuldhisu.Fakkeenyaaf, qorattoonni kun manneen barnoota mootummaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessa jiran lama keessatti yemmuu barsiisaa turanitti, barattoonni hedduu maatii Oromoo irraa dhalatan otoo dareen Afaan Oromoo jiru, daree afaan Amaaraa filatanii yemmuu baratan doo'atanii jiru. Dabalataanis qorattoonni kunniin akka jiraattota magaalichaatti rakkoon kuni maatiwwan Oromoota magaalicha keessa jiraatan heddu biratti akka calaqqisuhubatanii jiru.Rakkoon kun ammoo, guddina afaanichaa irratti gufuu guddaa ta'uurradarbee afaanichi dhaloota ittaanutti akka hindabarreefi sadarkaa barbaadamerra akka hingeenye akka taasisu ifaadha. Kana malees, akka armaan olitti ibsame, afaan aadaa saba tokkoo waan ofkeessatti

hammatuuf, magaalaalee Oromiyaa keessatti dubbattoonni afaanichaa hinjiran taanaan, carraan aadaafi eenyummaa ummatichaa magaalaalee kana keessatti guddisuu haphachuu danda'a.Gama biraatinis, hanga qorattoonni kunniinbeekanitti, sababoota afaan maatii ofii dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo ilaalchisee, qorannoon kana dura adeemsifame hinjiru.Kanaafuu, qorannoon kuni sababoota Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti dhalatanii adda baasuunqaawwa beekkumsaa yookin hanqina ragaa gama kanaan jiru duuchuuf yaalee jira. Kaayyoo kana fiixa baasudhaafis, qorattoonni gaafilee qorannoo armaan gadii akka agarsiiftuu kallattii qorannichaatti fayyadamanii jiru:

1. Rakkoo faan ofii dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo magaalaa Adaamaatti dhalatanii ilaalchisee dhiibbaan gama hawaasummaatiin jiru maal fa'a?
2. Rakkoo faan ofii dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo magaalaa Adaamaatti dhalatanii ilaalchisee dhiibbaan gama itti fayyadama afaaniin jiru maal fa'a?
3. Rakkoo faan ofii dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo magaalaa Adaamaatti dhalatanii ilaalchisee dhiibbaan gama sochii diinagdeetiin walqabatee jiru maal fa'a?

## 2. Sakatta'a Barruu

Amaloota afaanii keessaa inni tokko baratamuufi baramuu (learning and acquisition) danda'uu isaati.Ilmi namaa haal miti-idilee ta'een mana barnootaa dhaquudhaan deeggarasa qindaa'aa osoo hinargatin maatii yookiin hawaasa naannoo isaa jirurraa dandeettii afaan tokko dubbachuu yoo gonfate, afaan bare jedhama.Karaa biraatiin,namni tokko manabarnootaa keessatti kutaa keessa galee deeggarsa qindaa'aa argachuundandeettii afaanii yoo gonfate, afaan barate jedhama.Baruun gocha otoo namatti hinbeekamne sammuunnamaa raawwatu yoo ta'u, barachuun garuu gocha itti yaaddamee raawwatamu (Hutauruk, 2015;Al Ghazali, 2006).Yaadrimeewwan kanneen keessaa qorannoon kuni yaadrimee baruu (acquisition) jedhurratti xiyyeeffata.

Rakkoo fedhii dhabuufi rakkoo uumamaa yoo qabaaterraan ala, ilmi namaa afaan maatii ofii yookiin hawaasa naannoo isaa jiru irraa karaa mit-idileetiin baruu akka danda'u hayyoonni nimirkaneessu(Hutauruk, 2015; Addunyaa, 2014).Dhimma kana ilaalchisee,Hutauruk (2015,ff.51-52) "There simply are no cases of normal human children who, given the chance, fail to acquire a native language …" jechuun keechi. Kana jechuun, daa'immman afaan naannoo isaanitti argatan baruudhaaf dandeettii yookiin kennaa uumamaa qabu.

Afaan tokko ammoo guddachuu kan danda'u dhaloota haaraa sabichaatiin yoo baratameefi afaanichi siyaasdiinagdee biyyattii keessatti tajaajila baldhaa yoo qabaatedha. Yoo kana ta'uu baate garuu, afaanichi yeroodhaa gara yerootti dagatamaa deemudhaan dhumarratti baduus danda'a(Bolinger, 2003). Mallattoo badiinsa afaan tokkoo keessaa inni tokkoimmoo afaanichi dhaloota haaraa saba saniitiin dubbatamuu dadhabuudha.

Daa'imman sababoota garagaraa irraa kan ka'e afaan maatii isaanii dagachuu, yookiin gatuu danda'u. Sababoota kanneen keessaa inni jalqabaa ilaalchaafi deeggarsa maatii daa'immaniitiin walqabata.Afaan baruu daa'immanii keessatti, gaheen yookiin gargaarsi

maatii murteessaadha. Dhimma kana ilaalchisee, Pearson (2008:128) “positive attitudes of parents, siblings and peers toward a language can add value to the language and make it more attractive to the child” jedha. Yaaduma kana cimsuun, WorthyfiRodríguez-Galido (2006:597), gahee maatii yoo ibsani“a virtually untapped resource of positive and powerful language models” jedhu.Kana jechuun, maatiin daa’immanii afaan ofiitiif kabaja yoo qabaataniifi mana keessatti daa’ima ofii wajjiin yoo haasa’an, daa’immaniif carraa afaanicha baruu ni’uumu.Yoo kana ta’uu baate garuu, daa’imman afaan maatii ofii dagachuu danda’u (Cummins, 2001).

Sababni inni lammataa, afaaniifi aadaan sabichaa sochii hawaas-diinagdee biyyattii keessatti iddoo gadaanaa qabaachuudha (Al-Jumaily, 2015). Yeroo hedduu maatiin tokko biyya ormaatti akka godaantuutti yemmuu jiraatu, aadaafi afaan isaa aadaa saba itti godaane saniin liqimfama. Kanaaf, daa’imman maatii kanaa aadaa saba keessa qubatanii sanatti madaquuf jecha, afaan ofii dhiisuudhaan kan uummata baldhaa sanaa barachuuf dirqamu (Guardado, 2002; May, 2002; Wong, 2000). Dhumarrattis,daa’imman kun sadarkaa afaanifi aadaa ofii jibbuu yookiin immoo“Ethnic Ambivalence or Ethnic Evasion” (Tse, 1998a) irra gahuu akka danda’an hayyoonni nihimu. Haala kana May (2002) yemmuu ibsu “linguistic genocide” yookiin afaan ofii ofumaan ajjeesuu jedhaan. Haaluma walfakkaatuun, sabni tokkoo olaantummaa siyaasaa, diinagdeefi teknoloojii yoo qabaate, haala salphaadhaan afaaniifi aadaa isaa saba isa siyaas-diinagdeen gadaanaa ta’erratti fe’uudhaan afaanifii aadaan saba gadaanaa sanii akka badaa deemu gochuu danda’u (Crystal, 2003).

Sababni inni biroo imaammata itti fayyadama afaan biyyaatiin kan walqabatudha. Afaan tokko manneen barnootaa, dhaabbilee amantaa, akkasumas dhaabbilee hawaasaa keessatti yoo tajaajilarra ooluu baate, daa’imman carraa afaan sana barachuu hinargatan (Worth, 2003). Yaada kana cimsuun Al-Jumaily (2015,f.25) “It appears that HL [home language] retention is successful only if the language is used in multiple contexts” jedha.

Afaaniifi aadaa maatii ofii dagachuun immoo daa’immanirratti dhiibbaa garagaraa fiduu danda’a. Fakkeenyaaf, hariiroon uumamaan maatiifi daa’imman jidduu jiraachuu malu niboora’a(Ada & Zubizarret,2001; Wong, 2000); daa’imman rakkoo eenyummaa ofii dhabuu “Identity crisis” keessa galu, akkasumas qabxii barnootaa gadaanaa galmeessisuurraan kan ka’e, carraan barumsa isaanii addaan kutuu isaan mudachuu danda’a Al-Jumaily (2015)Kouritzin (1997) waabeffachuudhaan akka kaa’etti.

Rakkoolee afaan ofii dubbachuu dadhabuu daa’immanii kana hambisuudhaaf furmaanni inni jalqabaa, maatiin mana keessatti ijoollee isaanii waliin baldhinaan afaan ofiitiin fayyadamuudha (Merino, 1983).Furmaanni inni biroo immoo, daa’imman mana barumsaa afaan ofiitiin barachuu danda’anitti erguudha. Akkasumas, gaheen tajaajila manneen amantaafi miidiyaa afaan ofiitiin hordofuu daa’imman afaan ofii akka hindaganne gochuu akka dandeessisan hayyoonni nimirkaneessu (Al-Jumaily,2015). Dubbattoota afaanichaa diinagdeefi siyaasaan aangomsuu, og-barruu afaanichaan barraa’an babaldhisuunis akka falaatti kaa’amanii jiru (Are, 2015).

Akkuma armaan olitti xuquun yaalametti, dhimma afaanii ilaalchiseekanaan duraqorannoowwan heddu biyya alaafii biyya keessatti hojjetamaniyyu,hanga qorattoonni kunbeekanitti, qorannoon kallattiin sababoota afaan dhalootaa dubbachuu dadhabuu daa'immanii irratti xiyyeeffatan yoo xinnaate biyya kana keessatti hinjiran. Sadarkaa addunyaattis dhimmi kun xiyyeeffannaa gahaa akka hin'argatin Al-Jumaily (2015) kaa'ee jira. Kanaafuu, qorattoonni qorannoo isaanii kanaan sababoota Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti dhalataniinii adda baasuu yaalanii jiru.

## 3. Yaadiddama Qorannichaa

Afaan baruu daa'immanii ilaalchisee,yaadiddamoonni (theories) jiran yaadagaraagaraa dhiyeessu. Fakkeenyaaf deeggartoonni Yaadiddama Amalaa (Behaviorist Theory), daa'imman afaan kan baran ga'eessota naannoo isaanitti argaman irraa akkeessuudhaanijedhu (Rajabi et al., 2017; Mehrpour and Forutan, 2015). Akka deeggartoota kanaatti, daa'imni tokko yemmuu dhalatu sammuun isaa adii qulqulluu, jecha isaanitiin "*tabula rasa* or clean slate" ta'ee dhalata.Sana booda, beekumsa Addunyaas ta'ee dandeettii afaanii naannoo issaa irraa akkeessuufi shaakaluun gonfata (Brown, 2006,f.36).Dhimma kana ilaalchisee,Mehrpour and Forutan, 2015:38)"From the perspective behaviorism, the central strategies of language learning are imitation, reinforcement, and rewarding" jechuun kaa'u.Akka yaada kanaati, akkeessuun, irra deddeeb'anii shaakaluun, shaakallii kanaaf onnachiiftuu argachuufi amaleeffachuudhaan daa'imman afaan baruu danda'u.

Yaadiddamni inni lammataa, Yaadiddama Uumamaa (Nativist Theory) jedhamuun kan beekamudha. Akka yaadiddama kanaatti, daa'imman uumamaan dandeettii afaan baruuf isaan gargaaru qabatanii dhalatu.Daa'immanis haala mijaawaa naannoo isaanii irraa yemmuu argatan, dandeettii uumamaa kanatti fayyadamuudhaan afaan naannoo isaanitti argatan baruu dhanda'u (Chomsky, 2009).Yaada kana Brown (2006,f.37) "we are born with a genetic capacity that predisposes us to systematic perception of language around us, resulting in the construction of an internalized system of language" jechuun ibsa.

Yaadiddamni inni sadaffaan, Yaadiddama Madaqsuu (Socialization Theory), akka kaa'utti, afaan tokko baruudhaaf hawaasa baldhaa afaanicha dubbatu keessa galanii afaanichaan qunnamtii gochuun murteessadha.Yaada kana Mehrpour and Forutan (2015,f.36) "… language grows completely from social interaction, and children are only able to develop to an advanced level of knowledge only via employing a helpful interactive environment." jechuun kaa'u. Akka yaadiddama kanaatti, daa'imman afaan kan baruu danda'an ga'eessota waliin afaanichaan yoo haasa'aniifi dogoggora uuman akka fooyyeffatan deeggarsa gahaa ga'eessota kannneen irraa yoo argatan qofadha (Rajabi et al., 2017; Mehrpour and Forutan, 2015).

Yaadiddamoonni gurguddoon armaan olitti ibsaman kunneen yaadrimee garaagaraa irratti kan xiyyeeffatan ta'us, gadifageenyaan yemmuu xiinxalaman, wanti hunda isaani walfakkeessus tokko nimuldhata. Fakkeenyaaf yaadiddamoonni hundinuu afaan baruu

daa'immanii keessatti, faayidaan afaanichaan shaakaluu, akkasumas galtee yookiin deeggarsa hawaasa naannoo irraa argachuu, akka dhimmoota murteessoo ta'an kaa'u.

Akka qorattoota kanaatti, daa'imman Oromoo magaalota gurguddoo Oromiyaa keessatti guddatan namoota Afaan Oromoo dubbatan fakkeenya godhachuufis ta'ee carraan afaanicha shaakaluuf yookin afaanichaan walqunnamuuf qaban ga'aan waan hinjirreef, daa'imman kunrakkoo afaan ofii dubbachuu dadhabuutiif saaxilamu. Rakkoon kuni immoo maddeen garaagaraa irraa kan burqu ta'uu danda'u. Kanaaf, qorattoonni qorannoo isaanii kana waliin deemuu danda'an jedhanii kan itti amanan, Yaadiddama Amalaa (Behaviorist Theory)fi Yaadiddama Madaqsuu (Socialization Theory) bu'uura godhachuun qorannoo kana adeemsisanii jiru.

# 4. Mala Qo'annichaa

Qorannoon kun, guutumaan guututti gosa qorannoo akkamtaa (Qualitative Research) fayyadamuun hojjetame. Sababni isaas, qorannichi gaaffii 'maaliif?' jedhu kan deebisu waan ta'eefi. Hayyoonni garagaraa malli qorannoo kun ragaa barbaachisaa baldhinaan deebii qorannichaa mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin deebisuuf gargaaran sassaabuuf akka nama gargaaru ragaa bahu (Dastaa, 2013).

## 4.1Jamaa Qorannichaa

Jamaan qorannoo kanaa saboota Oromoo daa'imman isaanii Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye Naannoo Oromiyaa, Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessa jiraatanidha.Magaalaan Adaamaa Godina Shawaa Bahaa keessatti magaalaa guddoo biyyattii, Finfinnee irraa kallattii Bahaatti Kiloomeetira 98 fagaattee sulula qiinxaamaa keessatti argamti. Magaalaan Adaamaa ijaarama daandii baaburaa Itiyoo-Jibuutiin walqabatee akka buufata baaburaa ta'uun bara 1916 akka hundoofteefi yeroo jalqabaatiif labsii bara 1945 magaalota biyyattii hundeessuuf bahe bu'ureeffachuun, magaalota kanneen biroo 27 waliin mana qopheessaa sadarkaa 1ffaa akka argatte Alamuu, Ginbarfi Tamasgeen,2016:, xi) ni'ibsu.

Lafa har'a Magaalaa Adaamaafi naannoo isheetti argamu kanarra jalaqaba Oromoota hortee Tuulamaa keessaa ilmaan Obootu irra jiraachaa ture (Gutema, 1996). Jalqaba hundeeffama magaalattii, bara 1937 ALI, jiraattonni Magaalaa Adaamaa dhibbeentaa 75 ta'an Oromoota turan (Atnafun,1972). Haata'u malee, sirni bittaa baroota dheeraadhaaf biyyattii keessa ture irra caalaatti namoota Afaan Amaaraa dubbatan qofaaf kan haala mijeessu waan tureef, Oromoonni magaalattii keessaa alatti dhiibamuudhaan lakkoofsi isaanii hirdhachaa dhufe. Haala baay'ina ummattootaa Magaalaa Adaamaa kan yeroo ammaa (bara 2009 ALI) ilaalchisee, odeeffannoon Waajjira Kominikeeshinii Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa irraa argame akka ibsutti, baay'inni ummattoota magaalicha waliigalaan 415,000tti kan tilmaamamu yoo ta'u, kanneen keessaa ummatni Oromoo 39.01%, Amaarri 34.53%, Guraageen 11.98%, Silxeen 5.02%, Tigreen 3.4%, Walaayittaan0.91% fi kanneen biroon 5.15%dha (Alamuu, Ginbaar fi Tamasgeent (2016).

### 4.2 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoo kana keessatti qorattoonniragaa barbaachisu qaamota garagaraa irraa walitti qabatan. Jalqabarratti, jiraattota Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Booleefi Abbaa Gadaa kanneen sabummaan Oromoo ta'anii daa'imman isaanii Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye keessaa mala darbaa dabarsaa yookiin eerummaa (snowball sampling) fayyadamuun namoota 20 akka iddattootti fudhatee odeeffannoo irraa funaannateera. Itti aansuun, waajjiraalee mootummaa magaalichaa: Waajjira Barnootaa, Waajjira Aadaafi Tuurizimii, Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immaniii tokkoon tokko isaanii keessaa nama lama(2)fi Dhaabbata OBN irraa nama lama(2) tooftaa iddatteessuu kaayyawaa (purposive sampling) fayyadamuun filatee jira. Qamolee kanarraa ragaa waa'ee gahee manneen barnootaafi eddo tursiisa daa'immanii ilaalchisee jiru walitti qabamee jira.Walii galatti, namoota diigdamii-saddeet (28) irraa ragaa isaaf ta'u walitti qabatee jira.

### 4.3 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Qorannoon kuni qorannoo akkamaa waan ta'eef, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu afgaafiifi marii garee xiyyeeffannoo fayyadamuun sassaabame.Mariin garee xiyyeeffannoo hirmaattonni yaada garaagaraa walyaadachiisudhaan akka ragaa gahaa ta'e kennan isaan taasisa (Dastaa, 2013). Maatiwwan Oromootaa daa'imman isaanii Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye garee marii xiyyeeffannooshankan miseensota sad'ii hanga shanii qabutti adda qoodudhaanragaan funaanamee jira. Ragaan marii garee kunyaadannoo qabachuudhaan akkasumas moobaayiliidhaan sagalee waraabudhaan walitti qabame. Namoota waajjiraalee garagaraa irraa filatamanirraa immoo ragaan barbaadamu afgaaffii fayyadamuun funaaname. Xiyyeeffannoon marii gareefi afgaaffii kanneeniis, sababootni daa'imman Oromoo akka afaan isaanii hinbaranne godhan kallattii garagaraan jiru maal akka ta'e adda baasuu irratti ture.

### 4.4 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qoratoonni, odeeffannoo karaa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootiin funaannatanmala qaaccessa akkamtaa fayyadamuun qaaccessan.Jalqaba odeeffannoo sagaleedhaan waraabbame gara barreeffamaatti jijjiirudhaan, irra deddeebi'anii dubbisuun yaad-rimee garagaraa jalatti adda baasan. Ittaansuun, yaadota odeefkennitoonni kallattiin kennan akka fakkeenyatti filatanii kallattiidhaan kaa'udhaan ragaalee qorannichaa mala addeessuu yookiin ibsuutiin xiinxaleera. Qorattooniicciitummaa ragaa kennitootaa eeguudhaaf, maqaa iddattootaa koodiin barreessuudhaan yaada isaanii qaaccessan.

## 5. Argannoowwan Qorannichaa

Kutaa kana jalatti ragaalee qaamota garagaraa irraa funaanaman, yaad-rimee yookiin matadureewwan adda addaa jalatti qooduun qaacceffamee dhiyaateera.Matadureewwan kunniinis, sababoota garagaraa Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo magaalichaan walqabatan.

### 5.1. Sababoota Kallattii Maatii Daa'immaniifi Hawaasummaan Jiran

Daa'imman afaan kanbaratanirra caalaatti maatii irraati. Rajabi et al., (2017, f.483) "The language of parents and other significant family members at home will determine the

language their children would speak in future" jechuun yaada kana mirkaneessu.Kana jechuun, afaan baruu daa'immanii keessatti, gaheen maatii baay'ee murteessadha.Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti dhalataniifis sababni inni tokko maatii daa'imman sanaati.Akka ragaan qorannoo kanaa agarsiisuttis, maatiin daa'imman Oromoo baay'een ofbeekee daa'ima isaa afaan ofii isaa barsiisaa hinjiru. Dhimma kana irratti odeefkennaan tokko haala armaan gadii yaada isaa ibsee:

> …Maatiin daa'imman keenyaa waan ofwaallaalaniif,daa'imni keenyaa afaan ormaan afaan hiikkatti.Oromoonni Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa baay'een isaaniiafaan, aadaa, seenaafi eenyummaa isaanii dagataniiru. Qabatamaan kan argaa jirru, sabni Oromoo hedduun hanga Oromoo ta'uu isaayyuu dagaturra ga'eera. Mana isaanii keessatti Afaan Oromoo hindubbatan.Kanaafuu daa'imman keenya afaan ormaa maatiifi naannoorraa dhageessu kanaan afaan hiikkatti… (DS: Waajjira Barnootaa Magaala Adaamaa irraa, gaafa guyyaa 25/2/2010).

Yaada odeefkennaa kanaa irraa akka hubannutti maatiin Oromoota Magaala Adaamaa keessa jiraatan hedduun ofii isaanii mana isaanii keessatti Afaan Oromoo waan hinfayyadamneef, daa'imman isaanii hamileefi fedhii afaanicha baruu horachuu hindandeenye.Dhimma kana ilaalchisee, maaliif afaanicha fayyadamuu akka dhiisan yemmuu gaafataman maatiin Oromootaa hedduun haala amala hawaasichaa akka sababaatti kaa'u.Akka hirmattonni qorannichaa hedduun jedhanitti, magaalicha keessa sabaafi sablammoota graagaraatu waliin jiraata. Dhiibbaa sirnoota darbanii irraa kan ka'e hedduminaan saboonni kunniin Afaan Oromoo fayyadamuu irraa Afaan Amaaraa fayyadamuu filatu. Kanaafuu, baroota dheeradhaaf maatiwwan Oromoota ta'an hariiroo hawaasummaa saboota biroo wajjiin gaggeessan keessatti Afaan Oromootti dhimma hinba'an.Kun immoo, mana isaanii keessattis afaanicha akka hinfayyadamneefi ijoollee isaanii afaanicha akka hinbarsiifne dhiibbaa irratti akka godhe ibsu. Dhugaan kunis karaa biraatiin kan nu hubachiisu, jireenya hawaasummaa keessatti Oromoonni hedduun afaan isaanii dagachuufi daa'imman isaaniis afaanicha dhiisanii afaan baldhinaan maatiifi sabootni naannoo isaanii jiraatan fayyadaman sana baruu isaaniiti. Kunis jireenyi hawaasummaa Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti dhalataniif sababa ta'uu isaati.

## 5.2 Sababoota Gama Siyaasaan Jiran

Siyaasnifi diinagdeen biyya tokko keessa jiru afaan biyyicha keessatti dubbatamu guddisuufis ta'e ajjeesuu keessatti shoora olaanaa taphachuu akka danda'u hayyoonni nimirkaneessu(Orwell, 2006).Akka hirmaattonni marii garee xiyyeeffannoo jedhanitti, sirnoota darban keessatti, Afaan Oromoo qunnamtii hawaasicha magaalaafisochii siyaas-diinagdee biyyattii keessatti tajaajilakennaa waan hinturiniif,Oromoonni magaalaa keessa jiraataa turan afaaniifi aadaa ofii guddifachuuf carraan isaan qabanbaay'ee dhiphaa ture.

Dhimma kana ilaalchisee hirmaattonni qorannoo kanaa akka ibsanitti raacitii dhiibbaa sirnoota darbanii irraa kan ka'e, akka Bulchiinsa Magaalaa Adaamaattis, Oromoonni magaalicha keessa jiraatan Afaan Oromootiif ilaalcha gadaanaa qaban. Hirmaattonni marii

garee xiyyeeffannoo hedduun isaanii akka jedhanitti, hanga yeroo dhiyootti magaalicha keessatti namni Afaan Oromoo dubbatuufi waa'ee guddina Afaan Oromoo dubbatu, akka nama ilaalcha dhiphummaa qabuutti ilaalamaa ture.

Ilaalcha saboonni biroo magaalicha keessa jiraatan Oromoofi Afaan Oromootiif qabanis akka rakkoo tokkootti kaasu. Akka maatiwwan Oromoo marii garee keessatti hirmaatan jedhanitti, daa'immaan Oromoo manneen barumsaafi iddoo taphaatti afaan ofii yemmuu fayyadaman, daa'imman saba biroo daa'imman Oromoo kana akka nama baadiyyaafi duubatti hafootti isaan fudhachuun xiinsammuu isaanii faalanii afaanicha akka jibban isaan taasisu. Sababa kanaaf, yeroo ammaa daa'imman Oromoo magaalicha keessatti dhalatanii guddatan hedduun Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuun afaan biraa akka dubbataniifi akka baratan dirqamanii jiru. Dhimma kana ilaalchisee hayyoonni yemmuu ibsan, daa'imman afaan baruudhaaf, afaanichi naannoo isaanii keessatti yeroo hojiirra oolu dhaga'uu akka qabaniifi afaan kanas baruun faayidaa isaaniif akka qabu qabatamaan arguu qaban jedhu (Rice,1989).

### 5.3 Sababoota Gama Dinagdeen Jiran

Guddinni afaan saba tokkoo guddina diinagdee sabichaa waliin hidhata cimaa qaba(Orwell ,2006). Yoo diinagdeen hawaasa tokkoo guddate afaan hawaasichaas niguddata.Dhimma kanaan walqabatee haala Magaalaa Adaamaa keessa jiru odeefkennituun tokko haala armaan gadiin ibsiti.

> …Ummanni Oromoo hedduun jireenyi isaa qonnaa irratti kan bu'uureffamedha. Kanarraa kan ka'e, akka magaalota gurguddoo biyya keenyaatti yoo ilaalle, sabni Oromoo muraasatuu hojii daldala adda addaa irratti bobba'ee jiraata. Magaalaa Adaamaa keessattis, diinagdeen ummata Oromoo baay'ee kan dagaage miti. Kun immoo, daa'imman Oromoo hedduun jireenya daa'imman saba biroo magaalicha keessa jiraatanii hawwanii, afaan daa'imman saba biroo sana akka baratan isaan taasise(AA. Waajjira Aadaafi Tuurizimii Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa, guyyaa 06/03/2010)

Dhiibbaa siyaasa tureefi haala jireenyaafi diinagdee ummanni Oromoo bara dheeraaf keessa turerraa kan ka'e, Oromoonni Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessa jiraatan hirmaannaan isaan sochii diinagdee magaalaa keessatti godhan kan saboota biroon walbira qabamee yoo madaalamu gadi bu'aadha. Kana waan ta'eef, faayidaan Afaan Oromoo sochii diinagdee magaalichaa keessatti qabu gadaanaadha. Dhaabbilee tajaajila hawaasaa kennan hedduu kanneen akka hoteelota gurguddaa, manneen kuusaa uffataafi kophee, manneen bashannanaa, manneen qorichaa dhuunfaa, gamoowwan gurguddoofi manneen ciisichaa adda addaa, iddoowwan magaalichaa daldalli adeemsifamu keessatti Afaan Oromoo hojiirra hinoolu.

Dabalataanis dhiibbaa diinagdee irraa kan ka'e, haalli jireenya saboota biroo naannoo sabni Oromoo jiraatanitti argamanii, haalli nyaataafi uffannaa daa'imman isaanii, daa'imman Oromoo kan hawwisiisu yoo ta'u, maatiinis ta'e daa'imman Oromoo haala jireenya saba biroo sana hawwuu irraan kan ka'e afaaniifi aadaa ofii isaanii dhiisanii kan ormaa sanaan booji'amu

### 5.4 Sababoota Guddistuu Daa'immaniifi Manneen Kunuunsa Daa'immaniinWalqabatu

Akka hirmaattota qorannoo kanaatti, hawaasni Oromoo magaalota gurguddaa keessa jiraatu hedduun hojiilee mootummaa fi dhuunfaa adda addaa irratti bobba'ee waan jiraatuuf, yeroo hedduu daa'imman isaa waliin hinoolu. Kanarraa kan ka'e, daa'imman isaanii yeroo dheeraa kan dabarsan hojjettuu manaa isaan qacaratan waliin ta'a jechuudha. Hojjettoonni magaalota keessatti mana keessa tajaajiluuf qacaraman immoo hedduun isaanii Afaan Oromoo dubbachuu kan hindandeenye yookiin dubbachuuf fedhii kan hinqabne. Kanaaf, daa'imman maatii Oromoota kanaa afaan maatii isaanii osoo hintaane afaan guddistuu isaanii kana baruuf carraa baldhaa qabu. Dabalataanis, daa'imman kunniin maatiin isaanii hojjettu wajjiin afaan ormaatiin yemmuu walqunnaman waan dhaga'aniif, isaaniis fakkeenyummaa maatii isaanii hordofuuf dirqamu.Dhimma kana ilaalchisee, hayyoonni Yaadiddama Walqunnamtii (Interaction Theory) deeggaran afaan baruun daa'immanii walitti dhufeenya daa'imman maatiifi guddistoota waliin qaban irratti akka hundaa'u mirkaneessan (Bruner, 2013).

Gama biraan ammoo, namootni hojjettu yoo hinqacaranne daa'imman isaanii iddoo kunuunsa daa'immanii (daycare) galchuun daa'imman akka achi turan taasisu. Yeroo kanas daa'imman afaan haadhaafi abbaa isaanii dhiisanii kan bakka itti guddatanii kana baru jechuudha. Yaada kanas odeefkennaan haala armaan gadiin ibsa:

> Oromoonni Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessa jiraatan hedduun hojiilee adda addaatiif daa'ima isaanii waliin ooluu waan hindandeenyeef, hanga bakka hojii isaanii deemanii deebi'anitti, daa'imman isaanii mana kunuunsa daa'immanii tursiisu. Bakki daa'imman turan kun ammoo, daa'immanitti Afaan Oromoo hindubbatan. Sababa kanaaf, daa'imman Afaan Oromoo dubbachuuf carraa dhabuun afaan bakka tursiisa daa'immaniitti baldhinaan hojiirra oolu sana baru(A-OBN):

Yaada odeefkennaa kanaarraa wanti hubatamuu, manneen kunuunsa daa'immanii magaalattii keessa jiran hedduun isaanii Afaan Oromoo akka afaan hojiitti kan hinfayyadamne ta'uu isaaniiti. Walumaa galatti, guddistuun Afaan Oromoo dubbachuu wallaaluufi yoo dubbachuu dandeesses ammoo, afaan baldhinaan magaalicha keessatti dubbatamu daa'imman irratti shaakaluun akkasumas manneen kunuunsa daa'immanii Afaan Oromoo fayyadamuu dhabuun, Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Magaalaa Adaamaatti dhalataniif sababa akka ta'e ragaaleen kunniin nimirkaneessu.

### 5.5 Sababoota Gama Manneen Barnootaan Jiran

Manni barnootaa afaan baruu daa'immanii irratti dhiibbaa guddaa qaba.Sababni isaas, afaan daa'imman ittiin baratan afaan isaan baruu qabaniif murteessaa waan ta'eef.Akka ragaan qorannichaa muldhisutti, manneen barnootaa dhuunfaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti argaman keessaa kan yeroo jalqabaaf Afaan Oromoon barsiisuu jalqabe 'Mana Barnootaa Naafyaad' yoo ta'u, afaan kanaan barsiisuu jalqabuu isaatiin walqabatee dhiibbaan guddaan irra gahaa ture. Jalqabarratti, saboota biroo qofa osoo hintaane, Oromoonni Magaalaa Adaamaa keessatti argamanillee ijoollee isaanii mana barnootaa kanatti Afaan Oromoo barsiifachuuf fedhii dhabuu irraa kan ka'e barattoota lakkoofsaan baay'ee muraasa ta'aniif

barsiisota hedduu qacaruun akka dhaabbata dhuunfaatti bu'aa tokko malee baasii dabalataa baasuun hojjechuuf dirqamaa akka turan odeeffannoon qorattoonnimana barumsichaa irraa argatanni ibsu.

Yeroo ragaan qorannoo kanaa walitti qabamaa turetti, akka Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti, manneen barnoota dhuunfaa, oolmaa daa'immanii 116 dabalatee, 196 keessaa kanneen daree Afaan Oromoo qaban manneen barnootaa 18 qofadha. Kana jechuun manneen barnootaa 178 daree Afaan Oromoo hinqaban (Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa, bara 2010).

Yeroo hedduu sababa qulqullina barnootaan walqabatee, maatiin barate daa'imman isaa manneen barnootaa dhuunfaa kanneenitti erguuf dirqama.Manneen barnoota dhuunfaa 178 magaalicha keessa jiran kunniin immoo Afaan Amaaraan malee, Afaan Oromoo hinbarsiisan. Kana jechuun, daa'imman Oromoo magaalicha keessatti dhalatan mana barnootaa dhuunfaatti barachuuf dirqama Afaan Amaaraa beekuu qabu jechuudha.Kana waan ta'eefimmoo, sabni Oromoo magaalicha keessa jiraatu Afaan Oromoo dhiisee afaan biroo akka fayyadamuufi daa'ima isaas afaan sababiroo akka barsiisu dirqamaa jira.

Haalli kun immoo, mirga daa'immanii dhiibuu qofa osoo hintaane, Afaan Oromoo seenaan, aadaan akkasumas, eenyummaan saba Oromoo magaalicha keessatti akka hindagaagne hojii abbootii manneen barnootaa dhuunfaa tokko tokkoon hojjetamaa jiru fakkaata. Kana qofa osoo hintaane, hirmaattonni marii garee akka ibsanitti, manneen barnootaa daree Afaan Oromoo qaban tokko tokko keessattis xiyyeeffannoon daree Afaan Oromoof kennamu baay'ee gadaanaadha.Kunimmoo, barattoonni daree Afaan Oromoo barachuu isaaniif gaabbanii gara daree Afaan Amaaraatti akka jijjiirratan taasisa. Walumaa galatti, manneen barnoota dhuunfaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti argaman dhiibbaa cimaa guddina Afaan Oromoo irraan akka geessisaa jiran ragaan hirmaattota waajjira barnoota magaalichaafi maatiwwan daa'immanii argame kun nimirkaneessa.

**5.6 Sababoota Tajaajila Afaanichi Magaalaa Adaamaa Keessatti Kennuun Jiran**

Fedhiin afaan tokko baruu kan jiraatu afaanichi tajaajila yoo qabaateefi bakka itti nu barbaachisu yoo qabaatedha. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ragaa bahanitti, Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti Afaan Oromoo baldhinaan tajaajila kennaa hin-jiru.Waajjiraalee mootummaafi mitimootummaa keessatti, akkasumas dhaabbilee daldalaa garagaraa keessatti tajaajilli Afaan Oromoo akka afaan hojiitti tajaajilaa jiraatus, tajaajilli inni akka afaan qunnamtiitti hawaasa waajjiraalee kannaatti kennaa jiru baay'ee gadaanaadha. Rakkoon kunis dhiibbaa sirni durii hawaasa magaalicha irraan ga'aa turerraa kan ka'e ta'uu danda'a. Kanarraa kan ka'e, namootni magaalicha keessa jiraatan hedduun afaanicha baruuf hindirqaman. Sababa kanaan, sabni Oromoo magaalicha keessa jiraatus, daa'imni isaa akka guddattuufi fayyadamaa taatu waan barbaaduuf, afaan magaalicha keessatti tajaajila olaanaa kennu akka bartu gochuuf carraaqa.Rakkoo gama tajaajila Afaan Oromoon magaalota gurguddoo keessatti kennaa jiru ilalchisee Milkeessaa (2015) yoo ibsu, mirgi Afaan Oromoo akka afaan hojii ta'ee naannichatti hojiirra ooluu waggoota 24 dura

seeraan labsamus, magaalota Oromiyaa gurguddoo keessatti haalli itti fayyadama afaanichaa gaaffii keessa kan gale jedha.

Walumaa galatti, tajaajilli Afaan Oromoo akka Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti kennu, gadaanaa ta'uu isaa irraa kan ka'e, daa'imman Oromoo magaalichatti dhalatan Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu isaaniif sababa ta'uu isaa ragaaleen armaan olii ni'addeessu. Haata'umalee, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe labsii lakk.36/1994 keeyyata 5 irratti "Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati; kan barreeffamus qubee Afaan Oromootiin ta'a" jedha.Dabalataanis, heerri mootummaa biyya keenyaa keeyyatni 39, muraan 2 "Every Nation, Nationality and People in Ethiopia has the right to speak, to write and to develop its own language; to express, to develop and to promote its culture; and to preserve its history" jedha. Kanaafuu, daa'imman maatii Oromoo Magaalaa Adaamaa keessa jiraatan akkaataa seerri biyyattii kaa'een mirga afaan ofiin fayyadamuufi aadaa ofii guddifachuu isaanii itti fayyadamaa jiru jechuun nama rakkisa. Qorannoon kana dura dhimma kana ilaalchisee hojjetamee tures kan nutti muldhisu mootummaan naannichaa magaalota kanneen keessatti imaammata Afaan Oromoo qajeeloon hojiirra oolchuu irratti laafuudha (Milkeessaa, 2015).

**5.7 Sababoota Imaammata Afaaniifi Hojiirra Oolmaa Isaatiin Jiran**

Sababoota afaan Oromoo dubbachuu dhabuu daa'immaan Oromoo Magaalaa Adaamaa ka'an keessaa dhimmi Imaammata Afaanii biyyattiin walqabatu isa birooti.Akkuma armaan olitti kaa'ame, mirga afaan ofii fayyadamuufi guddifachuu ilaalchisee imaammatniifi labsiiwwan garaagaraa bahanii hojiirra oolaa jiru.Haata'umalee, akka biyya keenyaatti afaan hojii mootummaa Federaalaa Afaan Amaaraa qofa. Kunis, kan ta'uu danda'eef, dhiibbaa mootummoonni darbaniifi ammas jiran taasisaniinidha. Milkeessaa (2015:62) Smith (2008:216) wabeeffachuun dhimma kana ilaalchisee Afaan Amaaraa bara mooticha Tewdroosii kaasee afaan hojiifi afaan dubbii Itoophiyaa akka ta'e nu hubachiisa.

Afaan Oromoo afaan baay'ina dubbattotaan akka biyyattiitti sadarkaa tokkoffaa irratti argamu ta'ee osoo jiruu, afaan naannoo qofa ta'uun akka tajaajilu godhamuun isaaafaanicha irrattis ta'e, diinagdeefi siyaasa dubbattoota afaanichaa irratti dhiibbaa guddaa akka fiduu danda'u hirmaattonni qorannoo kanaa baldhinaan kaasanii jiru. Fakkeenyaaf, odeefkennitoonni tokko tokko, ijoolleen isaanii Afaan Amaaraa yoo beekuu baatan, carraan isaan dhaabbilee mootummaa feederaalaa kanneen akka waajjira ibsaa, waajjira Itiyoo teelekoom akkasumas dhaabbilee mitimootummaa garagaraa keessatti qacaramanii hojjachuuf qaban nixiqqaata jedhanii mormu. Yaada kana Laitinfi Ramachandran (2015, f.2) haala itti aanuun ibsu: "The choice of language influences human capital, as it provides those who speak the official language of the state with greater access to economic and political opportunities." Yaada hayyoota kanaarraa kan hubannu, afaan hojii biyyattii beekuun carraa hirmaannaa diinagdeefi siyaasa biyyattii keessaa fayyadamuu namaaf uuma.Walumaa galatti, tajaajilli Afaan Oromoo kennu Naannoo Oromiyaa qofa keessatti daanga'uun isaa, maatiwwan Oromoo Bulchiinsa Magaala Adaamaa keessatti argaman ijoollee isaanii Afaan Oromoo akka hinbarsiifne dhiibbaa irratti godhee jira.

### 5.8 Sababoota Gama Afaanota Amantaaleen Adda Addaa Fayyadamaniin Jiran

Amantiin dhimma cimaa sammuufi ilaalcha namootaa irratti dhiibbaa geessisudha.Amantiifi afaan immoo, walitti dhufeenya guddaa qabu (Worth, 2003). Hirmaattonni marii garee hedduun akka jedhanitti, Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti amantaaleen hedduun Afaan Amaaraatiin waan gaggeeffamaniif, hawaasni Oromoo amantaalee kanneen hordofu adeemsa keessa Afaan Oromoo wallaalaa dhufe. Kana malees, daa'imman hawaasa kanneenii jalqabaa kaasanii osoo mana barnootaa hindeemiin afaanota amantaaleen kunniin ittiin adeemsifamaniin barnoota amantii adda addaa barachuu waan eegalaniif, hunda dursanii afaan amantiin sun ittiin adeemsifamu baruu irraa kan ka'e Afaan Oromoo baruuf carraa dhabu.

Walumaa galatti, Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti Afaan Amaaraa Amantaa Ortodooksiifi Pirootestaantii keessatti, Afaan Arabaa immoo Amantaa Islaamaa keessatti baldhinaan hojiirra oolaa jiraachuufi hordoftoonni amantaalee kanneeniis afaanota kanneeniin dhaalamaa deemuun isaanii Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa''mman Oromoo magaalicha keessatti dhalataniif sababa ta'aniiru. Dhiibbaan kallattii dhaabbilee amantiin Magaalota Naannoo Oromiyaa keessa jiru hamaa ta'uu isaa, Milkeessaa (2015, ff.116-117) qorannoo isaatiin mirkaneessee jira.

## 6. Guduunfaafi Yaada Furmaataa

### 6.1. Guduunfaa

Qorannoon kun, sababoota Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti dhalatanii irratti kan xiyyeeffatudha. Akka ragaaleen afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannaan funaanamanii qaacceffaman agarsiisanitti sababoonni Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa'imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti dhalatanii hedduun isaanii, haala siyaas-diinagdeefi hawaasummaan akkasumas tajaajila afaanichi magaalicha keessatti kennuun walqabatu. Sababoonni kunniinis akka armaan gadiitti kaa'amanii jiru:

> Adeemsa afaan baruu keessatti maatiin daa'immanii fakkeenya ta'uudhaan gahee olaanaa taphachuu akka danda'an hayyoonni nimirkaneessu. Akka argannoowwan qorannoo kanaa irraa hubachuun danda'amutti, irra caalaa dhiibbaa raacitii sirna darbee irraa kan ka'e, Magaalaa Adaamaa keessatti maatiin daa'imman Oromoo baay'een ofii isaanii mana isaanii keessatti Afaan Oromoo waan hinfayyadamneef, daa'imman isaanii hamileefi fedhii afaanicha baruu horachuu hindandeenye.

Dhiibbaa siyaasa sirnoota darbanii irraa kan ka'e, akka Bulchiinsa Magaalaa Adaamaattis, Oromoonni magaalicha keessa jiraatan,faayidaa Afaan Oromoo siyaas-diinagdee biyyattii keessatti kennaa jirurraa kan ka'e, ammallee fedhiin isaan daa'imman isaanii Afaanicha barsiisuuf qaban gadaanaa qaban. Dabalataanis, ilaalcha saboonni biroo magaalicha keessa jiraatan Oromoofi Afaan Oromootiif qaban irraa kan ka'e, daa'immaan Oromoo manneen barumsaafi iddoo taphaatti afaan ofii yemmuu fayyadaman, daa'imman saboota biroo daa'imman Oromoo kana akka duubatti hafootti isaan fudhachuun xiinsammuu isaanii faalanii afaanicha akka jibban isaan taasisu.

Guddinni afaan saba tokkoo guddina diinagdee sabichaa waliin hidhata cimaa qaba. Akka bu’aa qorannoo kanaatirraa hubachuun danda’amutti, Oromoonni Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessa jiraatan hirmaannaan isaan sochii diinagdee magaalichaa keessatti godhan kan saboota biroon walbira qabamee yoo madaalamu gadi bu’aadha. Kana waan ta’eef, faayidaan Afaan Oromoo sochii diinagdee magaalichaa keessatti qabu gadaanaadha. Garaagarummaa diinagdee irraa kan ka’e, haalli nyaataafi uffannaa daa’imman saboota diinagdee magaalattii to’atanii kun daa’imman Oromoo kan hawwisiisuufi aadaafi afaan ofii dhiisanii kan saba ormaa akka hordofan kan isaan kakaasudha.

Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa’imman Oromoo Magaalaa Adaamaatiif haalli guddistuu daa’immaniifi manneen kunuunsa daa’immaniin walqabatu rakkoo cimaadha. Hawaasni Oromoo magaalota gurguddaa keessa jiraatu hedduun hojiilee mootummaafi dhuunfaa adda addaa irratti bobba’ee waan jiruuf, daa’imman isaanii yeroo dheeraa kan dabarsan hojjettuu manaa isaan qacaratan waliin ta’a. Hojjettoonni manaa kun immoo, hedduminaan afaanicha kan hindandeenye waan ta’eef, afaan maatii isaanii osoo hintaane afaan guddistuu isaanii kana baruuf carraa baldhaa qabu.

Inni biroo manneen kunuunsa daa’immanii (daycare) magaalattii keessa jiran hedduun isaanii Afaan Oromoo akka afaan hojiitti kan hinfayyadamne ta’uun walqabatee daa’imman Oromoo afaan ofii dhiisanii afaan saba biraa baruuf nidirqamu. Rakkoon karaa manneen barnoota magaalicha keessa jiraniin jirus Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu daa’imman Oromoo magaalicha keessa jiraataniif sababa isa cimaa tokkodha. Akka magaalota gurguddootti yoo ilaalle, daa’imman hedduun isaanii mana barnootaa dhuunfaatti baratu. Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti, manneen barnoota dhuunfaa, oolmaa daa’immanii 116 dabalatee, 196 keessaa kanneen daree Afaan Oromoo qaban, manneen barnootaa 18 qofadha. Dabalataanis, manneen barnootaa daree Afaan Oromoo qaban keessattis xiyyeeffannoon daree Afaan Oromoof kennamuufi kandaree Afaan Amaaraaf kennamu walqixa miti. Kana waan ta’eef, manneen barnoota dhuunfaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti argaman dhiibbaa cimaa guddina Afaan Oromoo irraan geessisaa jiran.

Tajaajilli Afaan Oromoon akka Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti kennu, gadaanaa ta’uu isaa irraa kan ka’e, daa’imman Oromoo magaalichatti dhalatan Afaan Oromoo dubbachuu dadhabuu isaaniif sababa cimaa ta’aa jira. Tajaajilli Afaan Oromoo manneen amantaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti qabu gadaanaa ta’uu isaa irraan kana ka’e, daa’imman Oromoo carraan isaan afaan ofii baruufi fayyadamuuf qaban dhiphaadha.

Sababni inni biroon immammata itti fayyadama afaanii biyyattiin qabdu waliin walqabata.Tajaajilli Afaan Oromoo kennu Naannoo Oromiyaa qofa keessatti daanga’uun isaa, afaanicha irrattis ta’e, diinagdeefi siyaasa dubbattoota afaanichaa irratti dhiibbaa guddaa akka fiduu danda’u hirmaattonni qorannoo kanaa baldhinaan kaasanii jiru. Kun immoo maatiwwan Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti argaman ijoollee isaanii Afaan Oromoo akka hinbarsiifne dhiibbaa irratti godhee jira.Walumaa galatti, sababoota kanneen irraa kan ka’es, daa’imman Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti

dhalatan hedduun isaanii Afaan Oromoo dubbachaa akka hinjirreefi rakkoon kunimmoo, gara fuula duraatti guddinaafi dagaagina afaanichaaf akkasumas, saba Oromoof gufuu guddaa akka ta'e ragaan qaacceffame ni'addeessa.

### 6.2 Yaada Furmaataa

Argannoowwan qorannichaa armaan olitti tarreeffamanirratti hundaa'uudhaan, qorattoonniyaadota furmaataa armaan gadii kaa'anii jiru:

1. Tajaajila Afaan Oromoon walqabatee, Bulchiinsa Magaalaa Adaamaas ta'ee bulchinsoonni magaalaaleeOromiyaa kanneen biroo keessatti, labsii itti fayyadama afaanichaa ilaalchisee mootummaa naannotiifi kan biyyaatiin bahan qixa sirrii ta'een hojiirra olchuun barbaachisaadha. Kana keessatti, manneen barnootaa dhuunfaa magaalota keessa jiran xiyyeeffannaafi ilaalcha isaan Afaan Oromoof qabanirratti cichanii hojjechuun dirqama mootummaa naannichaafi kan bulchinsota magaalaa ta'a.
2. Inni lammataa, kaka'umsi dhalattoota Oromoos ta'ee dhalattoonni saba biroo Afaan Oromoo barachuuf qaban akka olka'u gochuudhaaf, tajaajilli Afaan Oromoo kennu sadarkaa federaalaatti babaldhachuu qaba. Afaanicha afaan hojii dhaabbilee federaalaa taasisurratti Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaas ta'ee dhaabbileen dhimmi ilaalu hundi cichanii irratti hojjechuu qaban.
3. Inni biraa Afaan Oromoo manneen amantaa keessatti hojiirraa akka oolu gochuu keessatti hawaasni Oromoo magaalattii keessa jiru, akkasumas dhaabbileen amantii magaalattii keessa jiran karoorsanii akka irratti hojjatan dhiibbaa gochuun barbaachisaadha.
4. Gahee ummanni Oromoo diinagdee magaalota gurguddoo keessatti qabu cimsuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu.
5. Dhumarratti, qorannoon kun magaalaa tokko qofarratti kan daanga'e waan ta'eef qorannaaleen kana fakkaatan kan fudhatama bu'aa qorannoo kanaa cimsuu yookiin falmuu danda'an hojjetamuu akka qaban yaada kenna.

## Wabiilee


Ada, A. F., & Zubizarret, R. (2001). Parent n arratives: The cultural bridge between Latino parents and their children. In M. L. Reyes, & J. J. Halcon (Eds.), *The best for our children: Critical perspectives on literacy for Latino students.* New York: Teacher College Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Seemmoo*: *Bu'uura barnoota afaaniifi afoola Oromoo.*Finfinnee: Far East Treding PLC.

Al Ghazali, F. (2006). First language acquisition Vs second language learning: What is the difference? The University of Birmingham / the Centre for English Language Studies (CELS) / July 2006

Alamuu Disaasaa, Ginbaar Nagaraafi Tamasgeen Cibsaa.(2016). *Seenaa magaalaa Adaamaa hundeeffama irraa hanga ammaatti (1916-2015).* Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teeknoloojii Adaamaa.

Al-Jumaily, S. (2015).Parents’ first language is their children’s second language. language loss: Arabic is a case. *International Journal of English Language Teaching, Vol. 2,*No.2.19-31.

Are, O.B. (2015).Bridging the gap between theory and practice in language revitalization efforts in Africa.*Ghana Journal of Linguistics 4.1:* 15-31.

Atnafu Wasse. 1972. ‘Regional History, Foundation, Growth and Development of Nazareth’( BA Senior Essay).Addis Ababa University.

Bolinger, D. (2003) *Aspect of language* (2nd edn). America: Harcourt Brace Jovanovich, In.

Brown, H. D. ( 2006). *Principles of language learning and teaching*. United States of America: Pearson Education, Inc.

Bruner, J. (2013). *La educación, puerta de la cultura*. Madrid: Antonio Machado.

Cummins, J. (2001). Bilingual children’s mother tongue: Why is it important for education? *Sprogforum 7*(19), 15–20. Retrieved from http://iteachilearn.org/cummins/index.htm

Chomsky, N. (2009). *Cartesian linguistics: A chapter in the history of rationalist thought* (3rd Edn,). America: Cambridge University Press.

Crystal, D (2003). *English as a global language.Second edition*.Cambridge: Cambridge University Press.

Dastaa Dassalanyi. (2013). *Bu’uura qorannoo* (Max. 2ffaa). Finfinne: Far East Trading PLC.

Dirribii Damusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo: Barroo aadaa, seenaafi amantaa Oromoo.*Finfinnee Printing Press.

Feyisa Demie.(1996). Historical challenges in the development of the Oromo language and some agenda for future research. *Journal of Oromo Studies,Vol. II, No* 1&2.

Guardado, M. (2002). Loss and maintenance of first language skills: Case studies of Hispanic families in Vancouver(Master Thesis). University of British Colombia Vancouver, BC.

Gutema Imana. (1996). ‘A history of Adama (Nazareth) town from its foundation up to 1974’ (MA Thesis).Addis Ababa University.

Hutauru, B.B. (2015). Children first language acquisition at age 1-3 years old in Balata.*IOSR Journal of Humanities and Social Science (IOSR-JHS*

Smith, L. (2008). Politics of contemporary language policy in Ethiopia.*Journal of Developing Societies 24,* 2 207–243.SAGE Publications.

Laitin, D. and Ramachandran, R. (2015).*Language policy and human development*.Stanford University and Goethe University.

May, S.(2002). *Bilingualism or language loss.*Pacifika Communities and Bilingual Education. Ulimasao Bilingual Education Conference, Alexander Park, Aukland 3 October. Retrieved from http://www.geocities.com/ulimasao2002/stephen2.htm

Mehrpour, S., Forutan, A. (2015).Theories of first language acquisition.*Journal of Language, Linguistics and Literature Vol. 1, No. 2,* 30-40. Retrieved from http://www.publicscienceframework.org/journal/j3l

Merino, B. (1983).Language loss in bilingual Chicano children.*Journal of Applied Development Psychology, 4*,277-294.

Milkeessaa Miidhagaa. (2015). *Afaan Oromoofi imaammata afaanii biyya Itoophiyaa (1855-2015).* Finfinnee: Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura afoolaa, ogafaaniifi afwalaloo Oromoo*. Finfinnee.

Ndhlovu , F. (2008). Language and African development: Theoretical reflections on the place of languages in African studies.*Nordic Journal of African Studies 17*(2): 137–151.

Nemeth, K. (2012). Many *languages, building connections: Supporting infants and toddlers who are dual language learners.* Lewisville, NC: Gryphon House.

Orwell, G. (2006). *Politics and the English language*.Peterborough: Broadview Press

Pearson, B. Z. (2008). *Raising a bilingual child.* New York: Living Language.

Rajabi, P., Behrouz, K., Touraj, T.(2017). Factors affecting first language acquisition.*National Journal of English Language, Literature and Translation Studie.Vol. 4.*Issue.2, 481-487

Rice, M. L. (1989). Children's language acquisition..American Psychologist, 44(2),149-156.S) Volume 20(8), 51-57. Retrieved from www.iosrjournals.org

Syai, P. & Jindal, V. (2007).*An introduction to linguistics*: Language, grammar, and semantics (2nd Edn.). Delihi: Prentice-Hall of India Private Limited.

Tse, L. (1998a). Ethnic identity formation and its implications for heritage language development.In Stephen Krashen, Lucy Tse, & Jeff McQuillan (eds.), *Heritage language development.*Culver City, CA: Language Education Associates (pp. 15-27).

Waajjira Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa. (2010). Istaatiksii Manneen Barnoota Dhuunfaa Kan Bara 2010.

Wong, F. L. (2000). Loss of family languages: Should educators be concerned? *TheoryInto Practice, 39:*4, 203-210. *Retrieved from http://dx.doi.org/10.1207/s15430421tip3904_3*

Worth, Jo. (2003). Fifth-Grade bilingual students and precursors to "Subtractive Schooling". Retrieved from http://www.findarticles.com/p/articles/mi_qa3722/is_2000307/ai_n9277828

Worthy, J., & Rodríguez-Galido, A. (2006). "Mi hija vale dos personas": Latino immigrant parents' perspectives about their children's bilingualism. *Bilingual Research Journal, 30*(2), 579–601.